

Dambii Haala Qindoomina Hojii Qaamolee Nageenyaa fi Akkaataa Bulchiinsa Milishaa Murteessuuf Bahe Lakk. 124/2002 Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe

Milishaan hojii idilee isaa irraa osoo addaan hin bahin ummata waliin ta'uun naannoo isaatti hojiiwwan nageenya kabachiisuu fi heeraa fi sirna heera mootummaatiin hundeeffame eeguu, kabajuuf kabachiisuu keessatti gaheen taphatu ol'aanaa waan ta'eef;

Milishaa hojii nageenyaatiif ganda isaa irraa gara birootti socho'ee hojjachuun dirqama ta'ee yoo argame haala gurmaa'insaa fi hojimaata bobba'insa isaa murteessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Milishaan nageenya naannoo isaa kabachiisuuf yeroo socho'u mirgaa fi dirqama isaa karaa guutuu ta'een hubatee rakkoowwan raawwii hojii keessatti qunnaman akka maqan taasisuun barbaachisaa waan ta'eef;

Humna milishaa bifa haaraatiin gurmeessuuf, dandeettii isaa daran cimsuu fi dirqama qabu beekke hojiitti akka jijjiiru, akkasumas mirga isaa kabachisuudhaaf Dambii hojiirra jiru fooyyeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lak. 199/2008 keewwata 74 (2)tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

Kutaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Dambiin kun “**Dambii Bulchiinsa Milishaa Naannoo Oromiyaa Fooyya’ee Bahe Lakk. 197/2010**” jedhamee waamamuu ni danda’a.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta’e malee, Dambii kana keessatti:

- 1) “**Mootummaa**” jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 2) “**Biirroo**” jechuun Biirroo Bulchiinsaa fi Nageenyaa Oromiyaati.
- 3) “**Milishaa**” jechuun hojii idilee isaa irraa osoo addaan hin bahin meeshaa waraanaa hidhatee yookiin osoo hin hidhatiin nageenya naannoo isaa kabachiisuudhaaf nama ummataa filatame jechuudha.
- 4) “**Maatii Milishaa**” jechuun adda durummaan haadha warraa yookiin abbaa warraa fi ijoollee milishichaa jechuu yoo ta’u, nama dhaabbatummaan milishicha waliin jiraachaa gargaaramaa jirus ni dabalata.

- 5) **“Miidhaa”** jechuun sababa ergama yookiin dirqama hojii nageenyaa irratti bobba’ee osoo jiruu du’a lubbuu yookiin miidhaa qaamaa irra gaheen guutumaan guutuutti yookiin gartokkeedhaan dandeettiin hojjechuu milishichaa yoo hir’ate yookiin milishichi dandeettii hojjechuu yoo dhabe jechuudha.
 - 6) **“Miidhaa Qaamaa Giddugaleessaa”** jechuun miidhaa qaamaa hin fayyine ta’ee dandeettii hojjechuu milishichaa kan hir’isu miidhaa qaamaa hojii nageenyaa irratti qaqqabu jechuudha.
 - 7) **“Miidhaa Qaamaa Cima”** jechuun miidhaa qaamaa hin fayyine ta’ee dandeettii hojjechuu milishichaa guutumaa guutuutti kan dhabsiisu miidhaa qaamaa hojii nageenyaa irratti qaqqabu jechuudha.
 - 8) **“Waajjira”** jechuun Waajjira Bulchiinsaa fi Nageenyaa Godinaa, Magaalaa, Aanaa fi waajjira bulchiinsa Ganda jechuudha.
 - 9) **“Komaandara Milishaa”** jechuun miseensonni milishaa Gandichaa kallattiidhaan kan of-keessaa filatan ta’ee, hojii nageenyaatiif milishoota Ganda isaa ol’aantummaadhaan kan qindeessu, kan bobbaasuu fi ajaju jechuudha.
 - 10) **“Komisaara Milishaa”** jechuun miseensonni milishaa Gandichaa kallattiidhaan of-keessaa kan filatan ta’ee, miseensa koree naamusaa milishaa ta’uudhaan kan hoogganuu fi dhimmoota hidhannoo milishaatiin walqabatan qaama dhimmi ilaalu waliin ta’ee haala kan mijeessu jechuudha.
 - 11) **“Qindeessaa Dhimma Ragaa”** jechuun miseensonni milishaa Gandichaa kallattiidhaan of-keessaa kan filatan ta’ee, ragaawwan meeshaa waraanaa, human milishaa fi odeeffannoo nageenyaa akka Gandaatti jiru yeroo yeroon galmeessee qaama dhimmi ilaaluuf kan gabaasu jechuudha.
 - 12) **“Hidhataa Dhuunfaa”** jechuun jiraataa Gandichaa ta’ee meeshaa dhuunfaa isaa kan qabuu fi qaamolee nageenyaa kan biroo waliin hojii nageenya kabachiisuu irratti kan bobba’e jechuudha.
 - 13) **“Humna Eeggataa”** jechuun Ministeera Raayyaa Ittisa Biyyaatiin filatamee leenjii loltummaa isa barbaachisu fudhatee hanga Ministeera Raayyaa Ittisa Biyyaatiin waamichi isaaf taasisamutti ummata waliin kan jiraatuu fi qaamolee nageenyaa naannichaa waliin ta’ee nageenya naannichaa mirkaneessuuf humna dirqama qabu jechuudha.
 - 14) **“Nama”** jechuun nama uumamaa yookiin qaama mirgi namummaa seeran kennameef jechuudha.
3. **Ibsa Koornayaa**
Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.
 4. **Daangaa Raawwatiinsaa**
Dambiin kun milishaa, humna eeggataa fi hidhataa dhuunfaa naannoo Oromiyaa keessatti argaman irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Kutaa Lama

Filannoo, Leenjii, Gurmaa'insa, Hidhannoo, Bobba'iinsaa fi Itti Waamama Milishaa

5. Filannoo Milishaa

Milishaan kamiyyuu:

- 1) Sadarkaa Gandaatti hirmaannaa jiraattota Gandaatiin kallattiidhaan ni filatama.
- 2) Ummanni Gandichaa milishaa gahumsa qabu filachuu akka danda'u ulaagaalee filannoo milishaa irratti hubannoo guutuu akka qabaatu ni taasifama.
- 3) Filannoon milishaa wayita gaggeeffamu hanga danda'ameetti milishaan filatamu adeemsaan caasaa nageenyaa birootti makamuuf carraa qabu ilaalcha keessa kan galche ta'a.
- 4) Filannoo milishaa keessatti hirmaannaan dubartootaa ni jajjabeeffama.

6. Ulaagaalee Filannoo Milishaa

Namni kamiyyuu miseensa milishaa ta'ee filatamuuf ulaagaalee armaan gadii guutuu qaba:

- 1) Lammii Itoophiyaa fi jiraataa Gandichaa kan ta'ee fi Gandicha keessatti yoo xiqqaate waggaa lamaa fi sanaa ol kan jiraate;
- 2) Heera Mootummaatiif amanamaa kan ta'ee fi Heericha kabajee kabachiisuudhaaf qophaa'uummaa kan qabu;
- 3) Afaan hojii Naannichaa dubbachuu, barreessuu fi dubbisuu kan danda'u;
- 4) Yakkaan himatamee rikoordii balleessaa kan hin qabnee fi gochoota farra nageenyaa irratti kan hin hirmaanne;
- 5) Naamusa gaarii kan qabu ta'uun isaa ummata Gandichaatiin kan mirkanaa'e;
- 6) Miseensa milishaa ta'uudhaaf fedhii guutuu kan qabu;
- 7) Fayyummaa sammuu kan qabuu fi qaamni isaa hidhannoo qabatee socho'uu kan danda'u;
- 8) Umuriin isaa waggaa 20 - 40 kan ta'e;
- 9) Mataa isaa fi maatii isaa kan ittiin bulchu qonna yookiin madda galii dhaabbataa kan qabu ta'uu qaba.

7. Leenjii Milishaa

- 1) Namni miseensa milishaa ta'ee filatame kamiyyuu hojii milishummaa irratti osoo hin bobba'in dura leenjii loltummaa fi siyaasummaa, akkasumas hubannoo seeraa hojii isaa waliin walqabatu irratti leenji'uu qaba.
- 2) Leenjiin loltummaa abbummaan Poolisii naannichaatiin kan kennamu ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatiin qaamolee nageenyaa kan biroo leenjii kennisiisuun ni danda'ama.
- 3) Gahumsa miseensota milishaa hojiirra jiran cimsuudhaaf leenjiin gaggabaabaa yeroo yeroon ni kennama.

- 4) Leenjiin milishaaf kennamu bifa tokko akka qabaatu maanuwaalii leenjii Biiron ni qopheesa. Haata'u malee, milishaa naannoo gammojjii fi daangaa naannoolee ollaatti argamu ulfaatina hojii jiruun haala addaatiin akka leenji'u ni taasifama.
- 5) Gaggeessitoota milishaatiif haala addaatiin leenjii gahee gaggeessummaa isaanii cimsu ni kenamaaf.

8. Gurmaa'insa Milishaa

- 1) Milishaan dirqama itti kenname kallattii barbaadameen bahuu akka danda'u sadarkaa sadarkaadhaan akkaataa Qajeelfama bahuun kan gurmaa'u ta'a.
- 2) Gurmaa'insa milishaa keessatti milishaa naannoo gammoojjii fi daangaatti argamuuf xiyyeeffannoon addaa ni kenname. Raawiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 3) Baay'inni milishaa Ganda tokkoo baay'ina ummataa, taa'umsaa fi bal'ina lafaa irratti kan hundaa'u ta'a.

9. Hidhannoo

- 1) Milishaan kamiyyuu Leenjii milishummaa fudhatee gara hojiitti bobba'e meeshaa waraanaa nageenya ittiin kabachiisu hidhachuu ni danda'a.
- 2) Milishaa naannoo gammoojjii fi daangaatti argamu haala addaatiin hidhannoo fi lojistikii hojii nageenyaatiif isa barbaachisan ni guutamaaf.
- 3) Hidhannoon akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin kennamu Biiron ni raawwatama.

10. Bobba'iinsa Milishaa

- 1) Milishaan sadarkaa sadarkaan gurmaa'ee nageenya naannoo isaa kabachiisuudhaaf ni bobba'a.
- 2) Humnni eeggataa naannichaa milishaa waliin qindaa'ee hojii nageenyaa irratti ni bobba'a.
- 3) Milishaan kamiyyuu qaama nageenyaatiin yoo ajajame malee, hojii birootiif qe'ee isaa irraa fagaatee deemuu hin qabu.
- 4) Milishaan hojii nageenyaatiif Ganda isaa irraa gara Ganda biroo deemuu isaa dirqama ta'ee yoo argame qajeelfama bobba'iinsaa kan kennu Mana Marii Nageenyaa Aanaa ta'ee, Manneen Marii Nageenyaa sadrakaan jiran akka beekan taasifamuu qaba.
- 5) Milishaa hojii nageenyaatiif Aanaa isaa irraa gara Aanaa kan birootti bobbaasuun dirqama ta'ee yoo argame, qajeelfama bobba'iinsaa kan kennu Mana Marii Nageenyaa Godinichaa ta'ee, Biiron akka beeku ni taasifama.
- 6) Gurmaa'insaa fi hojimaata bobba'iinsa milishaa akkasumas, gaggeessaan milishaa akkaataa itti filatamu ilaalchisee Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

11. Itti Waamama Milishaa

- 1) Ittiwaamamni milishaa ummata isa filatee fi Waajjira Bulchiinsa Gandichaatiif ta'a;
- 2) Itti waamamni gaggeessaa milishaa gaggeessaa isatti aanee jiruuf ta'a.

Kutaa Sadii

Mirgaa fi Dirqama, Beenya, Yaalaa fi Uffata Seeraa Miseensa Milishaa

12. Qajeeltoowwan Waliigalaa

Miseensi milishaa kamiyyuu:

- 1) Heera Mootummaaf amanamaa ta'uun sirna Heera Mootummaatiin hundeeffame eguu, kabajuu fi kabachiisuu;
- 2) Nageenya naannoo isaa kabachiisuuf yeroo socho'u mirgootaa fi walabummaa lammiiwwanii Heera Mootummaa irratti tumaman kabajuu fi kabachiisuu;
- 3) Hojii nageenyaa raayyaan raawwachuu; fi
- 4) Aadaa fi duudhaalee hawaasaa kabajuu fi kabachiisuu qaba.

13. Mirga Miseensa Milishaa

Milishaan kamiyyuu mirgoota armaan gadii ni qabaata:

- 1) Gaggeessitoota isaa filachuu, filatamuu, qorachuu, yaada qabu ifaa fi bilisa ta'ee ibsuu fi komii qabu dhiyeessuu;
- 2) Qajeelfama hojii kennamu irratti odeeffannoo guutuu argachuu, qajeelfama yookiin ajaja kenname irratti mari'achuu fi yaada kennuu;
- 3) Hojii nageenyaatiif qe'ee isaa irraa fagaatee yeroo deemu qallaba argachuu.

14. Dirqama Miseensa Milishaa

Miseensi Milishaa kamiyyuu:

- 1) Heeraa fi sirna Heera Mootummaatiin hundeeffame kabajuu fi kabachiisuu;
- 2) Ummata waliin qindaa'ee nageenya naannoo isaa kabachiisuu, Ganda isaa keessatti yakki akka hin raawwatamne hordofuu, ittisuu fi namoota yakka raawwatan seeraan qabee battalumatti poolisitti dhiyeessuu;
- 3) Gosummaa, amantaan, firummaan fi faayidaan hojjechuu irraa bilisa ta'uu;
- 4) Qajeelfamoota hojii seera qabeessa ta'an gaggeessaa ol'aanaa isaa irraa kennaman raawwachuu fi raawwachiisuu;
- 5) Hawaasa biratti naamusa gaariin fakkeenya ta'ee argamuu fi sochii misoomaa fi hawwaasummaa naannoo isaatti gaggeeffamu keessatti adda durummaan hirmaachuu;
- 6) Humnoota nageenyaa biroo waliin qindaa'uun hojjechuu fi madda odeeffannoo nageenyaa ta'ee tajaajiluu;
- 7) Qabeenya mootummaa fi ummataa hojiif itti kenname kunuunsuu fi eeguu;
- 8) Bakka humni Poolisii hin jirretti qaamolee haqaatiif deeggarsa gochuu;
- 9) Dhaabbilee farra nageenyaa ta'anii fi seeraan ala socho'an keessatti bifa kamiiniyyuu hirmaachuu yookiin ilaalchaanis ta'ee gochaan humnoota badii fi yakkamtootaaf deeggarsa kennuu yookiin dawoo ta'ee argamuu of qusachuu; fi
- 10) Sababa hojii isaatiin icciitii beekke fi odeeffannoo argate qaama dhimmi hin ilaallannetti dabarsee kennuu irraa ofeeguuf dirqama qaba.

15. Milishaa Hojii irratti Miidhameef Beenya Kaffalamu

- 1) Milishaan kamiyyuu dirqama isaa osoo bahaa jiruu yookiin dirqama isaaf kennameen walqabatee yoo wareegame yookiin qaamaa fi qabeenya isaa irra miidhaan yoo gahe Mootummaan beenyaa ni kaffala.
- 2) Kaffaltiin beenyaa milishaa haala armaan gadiitiin kan raawwatamu ta'a:
 - a) Milishaa dirqama hojii isaa osoo bahaa jiruu wareegameef, Qarshii 50,000.00 (kuma shantama) haadha warraa yookiin abbaa warraa yookiin dhaaltota seeraan mirgi dhaaltummaa mirkanaa'eef ni kaffalama.
 - b) Milishaa dirqama hojii isaa osoo bahaa jiruu miidhaan qaamaa cimaan isa irra gaheef Qarshii 30,000.00 (kuma soddoma) beenyaan ni kaffalama.
 - c) Milishaa dirqama hojii isaa osoo bahaa jiruu miidhaan qaamaa gidduugaleessaa isa irra gaheef Qarshii 20,000.00 (kuma digdama) beenyaan ni kaffalama.
 - d) Hojii nageenyaa irratti bobba'uu milishichaatiin walqabatee maatiin isaa farreen nageenyaatiin yoo du'e milishichaaf Qarshii 20,000.00 (kuma digdama) beenyaan ni kaffalama.
 - e) Milishichi hojii nageenyaa irratti bobba'uu isaatiin walqabatee manni jireenyaa, horiin, qabeenya yookiin oomishni isaa yoo barbadaa'e, ummata qindeessuun deeggarsi taasifamu akkuma jirutti ta'ee, tilmaama qabeenya barbadaa'ee ka'umsa godhachuudhaan % 25 beenyaan ni kaffalama.
 - f) Beenyaan qabeenya akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (2)(e)tiin kaffalamu qarshii 50,000.00 (kuma shantama) caaluu hin qabu.
 - g) Akkaataa keewwata kana Keewwata xiqqaa 2 (a) fi (d)tiin milishaa yookiin maatii isaa wareegame ilaalchisee ragaan barbaachisu erga qindaa'ee booda Mana Marii Nageenaya Aanichaatiin fi Waajjira Bulchinsaa fi Nageenyaa Godinichaatiin mirkanaa'ee Biiroof ergamuu qaba.
- 3) Miidhaawwan qaamaa cimaa fi giddugaleessaa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (b) fi (c) jalatti ibsaman ragaan mana yaalaa Dhaabbilee Fayyaa Mootummaa irraa dhiyaachuu qaba. Ragaan kunis, Mana Marii Nageenyaa Aanichaa fi Waajjira Bulchinsaa fi Nageenyaa Godinichaatiin erga mirkanaa'ee booda Biiroof ergamuu qaba.
- 4) Miidhaan qabeenyaa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (e) jalatti tumame ilaalchisee Bulchaan Gandchaa, jaarsoleen biyyaa fi ogeessi qabeenya tilmaamu bakka argamanitti qabeenya barbadaa'e erga tilmaamamee booda Mana Marii Nageenyaa Aanichaa fi waajjira Bulchinsaa fi Nageenyaa Godinichaatiin mirkanaa'ee Biiroof ergamuu qaba.
- 5) Biironis ragaa qindaa'ee dhiyaate sirrummaa isaa erga mirkaneessee booda kaffaltiin akka raawwatamu haala ni mijeessa.

16. Humna Eeggataa fi Hidhataa Dhuunfaaf Beenya Kaffalamu

- 1) Humni eeggataa naannichaa qaama aangoo qabuun ajajamee hojii nageenyaa irratti bobba'ee osoo jiruu yoo wareegame yookiin yoo miidhaan qaamaa cimaa yookiin giddugaleessaa yoo irra gahe akkaataa Dambii kana keewwaata 15 keewwata xiqqaa 2 (a - c) tiin beenyaa milishaaf kaffalamu isaafis ni kaffalama.
- 2) Hidhataan dhuunfaa qaama aangoo qabuun ajajamee qaamolee nageenyaa waliin hojii nageenyaa irratti bobba'ee osoo jiruu yoo wareegame yookiin yoo miidhaan qaamaa cimaa yookiin miidhaan qaamaa giddugaleessaa yoo irra gahe akkaataa Dambii kana keewwaata 15 keewwata xiqqaa 2 (a - c) tiin beenyaa milishaaf kaffalamu isaafis ni kaffalama.

17. Miidhaa Leenjii Irratti Qaqqabe

Miidhaan leenjii irratti qaqqabe akka miidhaa hojii nageenyaa irratti qaqqabeetti lakkaa'amee kaffaltiin beenyaa fi yaalaa akkaataa Dambii kanaatiin ni raawwatama.

18. Maatii Milishaa Kunuunsuu

Milishaan hojii nageenyaatiif qe'ee isaa irraa fagaatee yeroo deemu ummanni oyiruu isaa akka qotu, oomisha akka sassaabuu fi maatiin isaa akka kunuunfamu ni taasifama.

19. Yaala Milishaa fi Maatii Isaa

- 1) Milishaan miidhaan qaamaa irra gahe akkaataa yaala itti argatu Biirtoon Dhaabbilee Fayyaa Mootummaa fi qaamolee dhimmi ilaallatu waliin haala ni mijeessa.
- 2) Miseensi milishaa kamiyyuu hojii nageenyaa irratti bobba'ee dirqamaa fi ittigaafatamummaa isaa osoo bahaa jiruu miidhaan qaamaa cimaa, giddugaleessaa yookiin salphaan yoo irra gahe biyya keessatti baajata mootummaatiin Dhaabbilee Fayyaa Mootummaatti akka yaalamu ni taasifama.
- 3) Milishaan hojii nageenyaa irratti bobba'uu isaatiin walqabatee maatii isaa irratti miidhaan qaamaa cimaa, giddugaleessaa yookiin salphaan yoo irra gahe biyya keessatti baajata mootummaatiin Dhaabbilee Fayyaa Mootummaatti akka yaalamu ni taasifama. Baasiin yaalichaas kan uwwisamu ragaa seera qabeessa ta'e mana yaalichaa irraa akkaataa dhiyaatuun ta'a. Raawiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

20. Uffata Seeraa Milishaa

- 1) Milishaan hojii nageenyaa mirkaneessuu fi seera kabachisuudhaaf ittigaafatamummaa kan qabu ta'uun isaa kan ittiin beekamu uffata seeraa uffachuu qaba.
- 2) Uffanni seeraa milishaa naannichaa bifa tokko ta'ee, uffata seeraa qaamolee nageenyaa kan biroo irraa adda ta'uu qaba.
- 3) Bifa, bittaa fi itti fayyadama uffata seeraa milishaa ilaalchisee Qajeelfama bahuun kan murta'u ta'a.

21. Miseensummaa Irraa Gaggeeffamuu

- 1) Miseensi milishaa kamiyyuu umuriin isaa waggaa 50 fi sanaa ol yoo ta'e tajaajila kennaa tureef beekamtii kennuun kabajaan ni gaggeeffama.
- 2) Milishaan sababa dhibeetiin yookiin sababa birootiin walitti aansuun ji'a 3 fi sanaa ol hojii irraa hafe miseensummaa irraa ni gaggeeffama.
- 3) Miseensi milishaa sababa kamiiniyyuu miseensummaa irraa akka gaggeeffamu irratti murtaa'e miseensummaa irraa ni haqama.
- 4) Miseensi milishaa fedhii isaatiin miseensummaa isaa gadi lakkisuu yoo barbaade barreeffamaan Waajjira Gandichaatiif dhiyeessuu ni danda'a. Milishichi miseensummaa irraa kan gaggeeffamu gaaffiin isaa ummataaf dhiyaatee erga mirkanaa'ee booda ta'a.
- 5) Milishaan sababa umuriitiin yookiin fayyaa dhabuutiin yookiin rakkoo naamusaatiin yookiin sababa birootiin miseensummaa irraa gaggeeffame kamiyyuu ummataaf dhiyaatee mirkanaa'uu qaba.
- 6) Milishaan sababa kamiiniyyuu miseensummaa irraa gaggeeffame meeshaa waraanaa qabeenyummaan isaa kan mootummaa ta'e deebisuu qaba.

22. Miseensa Milishaa Yakkaan Himatame

- 1) Miseensi milishaa yakkaan himatamee gocha yakkaa ittiin himatame kan raawwate hojii nageenyaa irratti bobba'ee dirqamaa fi itti gaafatamummaa isaa osoo bahaa jiru ta'uu isaa yoo itti amaname Biirichi qaamolee dhimmi ilaallatu waliin ta'uun tajaajila abukaatoo akka argatu ni taasisa.
- 2) Maatiin milishaa himatamee rakkoo keessa akka hin seenne ummanni lafa qonnaa isaa akka qotu, akka sassaabuu fi maatii isaa akka kunuunsu ni taasifama.

23. Waraqaa Eenyummaa

- 1) Milishaan hojii nageenyaa irratti babba'u waraqaa eenyummaa miseensa milishaa ta'uu isaa mirkaneessu ni qabaata.
- 2) Milishaan miseensummaa irraa geggeeffamu waraqaa eenyummaa isaaf kenname deebisuu qaba.

24. Waraqaa Ragaa

Miseensi milishaa sababa kamiiniyyuu miseensummaa irraa gaggeeffame bara tajaajila kennaa ture, hirmaannaa isaa fi sababa ittiin gaggeeffame kan ibsu waraqaan ragaa ni kennamaaf.

25. Too'annoo Meeshaa Waraanaa Milishaan Hidhate

- 1) Hidhannoo harka milishaa jiru irratti too'annaan ji'a sadii sadiin ni gaggeeffama.
- 2) Miseensi milishaa kamiyyuu meeshaa waraanaa fi rasaasa isa harka jiru ji'a sadii sadiin qaamaan qabatee dhiyaatee lakkoofsisuu fi galmeessisuu qaba.

- 3) Meeshaa waraanaa fi rasaasa milishaa harka jiru akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin erga galmaa'ee booda sirrummaan isaa qaama sadarkaa sadrkaan jiruun mirkanaa'ee gabaasni isaa Biiroof ergamuu qaba.
- 4) Miseensi milishaa kamiyyuu meeshaa waraanaa hojii nageenyaatiif hidhate ta'e jedhee yookiin ofeeggannoo gochuu dhabuudhaan yoo balleesse yookiin yoo cabse yookiin akka hin hojjenne yoo taasise yookiin nama biraatiif dabarsee yoo kenne yookiin akka dhiyeessu yeroo gaafatamu dhiyeessuu yoo dhabe seeraan kan gaafatamu ta'a.
- 5) Miseensi milishaa kamiyyuu meeshaa waraanaa fi rasaasa mootummaan kenneef ofeeggannoo taasisuu dhabee yoo gate yookiin sababii gahaa malee yoo dhukaase qarshii meeshaan waraanichaa yookiin rasaasichi ittiin bitame dachaadhaan akka kaffalu ni taasifama. Akkaataan raawwii isaas Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

Kutaa Afur

Tarkaanfiiwwan Naamusaa

26. Kaayyoo Adabbii Naamusaa

Kaayyoon adabbii naamusaa miseensi milishaa hanqina naamusaa raawwateef gara fuulduraaf gaabbee akka sirraa'uu fi hojii isaa haala gaariin akka raawwatu akkasumas miseensotni milishaa biroo akka irraa baratan taasisuu dha.

27. Gosoota Adabbii

- 1) Milishaan hanqina naamusaa raawwate akka ulfaatina balleessaa isaatiin seeraan gaafatamuun isaa akkuma eegametti ta'ee, adabbiiwwan armaan gadii keesaa tokko irratti raawwatamuu ni danda'a.
 - a) Of-eeggannoo afaanii fi barreeffamaa;
 - b) Yeroo murtaa'eef hidhannoo hiiksisuu;
 - c) Miseensummaa irraa gaggeessuu.
- 2) Adabbiin keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (a) jalatti ibsame adabbii naamusaa salphaa yammuu ta'u, adabbiiwwan keewwata xiqqaa 1(b) fi (c) jalatti ibsaman immoo adabbiiwwan naamusaa cimaadha.
- 3) Adabbiin naamusa cimaa Koree Naamusaatiin kan ilaalamu yoo ta'u, adabbiin naamusaa salphaan gaggeessaa dhiyoo miseensichaatiin kan raawwatamu ta'a.

28. Balleessaawwan Adabbii Naamusaa Salphaa Hordofsiisan

Balleessaawwan armaan gadiitti ibsaman adabbii naamusaa salphaa ni hordofsiisu:

- 1) Qajeelfama hojii qaama aangoo qabu irraa darbu yeroo jalqabaaf kabajuu dhabuu;
- 2) Haalawwan balaa qaqqabsiisuu danda'an jiraachuu isaanii erga beekke booda dafee qaama dhimmi ilaallatu beeksisuu dhabuu;
- 3) Machaa'uun hojii nageenyaa irratti bobba'uu;
- 4) Naannoo hojiitti jeequmsaa fi lola kaasuu;
- 5) Dambii ittiin bulmaataa miseensonni milishaa waliin baafatan kabajuu dhabuu;

- 6) Meeshaa waraanaa qabatee iddoo hin hayyamamnetti argamuu;
- 7) Nagaa fi nageenya Ganda isaa eeguu fi eegsisuuf kaka'umsaa fi qophaa'ummaa dhabuu fi gochoota kan kana fakkaatan biroo raawwachuu.

29. Balleessaawwan Adabbii Naamusaa Cima Hordofsiisan

Balleessaawwan armaan gaditti ibsaman adabbii naamusaa cima ni hordofsiisu:

- 1) Heeraa fi sirna Heeraatiin Mootummaa hundeeffame ilaalchaanis ta'e gochaan mormuu;
- 2) Nagaa fi nageenya ummataa booreessuuf humnoota socho'an ittisuuf dirqama kennamu bahuudhaaf fedhii dhabuu;
- 3) Ajaja yookiin qajeelfama qaama aangoo qabu irraa darbe irra deddeebi'uun kabajuu fi raawwachuu dhabuu;
- 4) Nageenya akka kabachiisu meeshaa waraanaa itti kenname dhimma dhuunfaaf oolchuu yookiin gocha seeraan alaa ittiin raawwachuu;
- 5) Icciiiti eeguu dhabuun odeeffannoo nageenyaa dabarsanii qaama biraatiif kennuu;
- 6) Meeshaa waraanaa, rasaasaa fi qabeenya mootummaa kan biroo qaama biraatiif dabarsanii kennuu;
- 7) Saamtoota, hattootaa fi dhaabbilee seeraan ala socho'an waliin walitti dhufeenya uumuu yookiin deeggarsa kennuu;
- 8) Mirgoota namoomaa Heera Mootummaatiin kabajaman sarbuu fi gocha farra dimokiraasii raawwachuu;
- 9) Haala hojiin walqabateen namoota irraa faayidaa adda addaa gaafachuu yookiin fudhachuu;
- 10) Tarkaanfii adabbii naamusaa salphaatiin sirraa'uu dhaabuudhaan irra deeddeebiidhaan balleessaa walfakkaatu raawwachuu fi gochoota kana fakkaatan biroo raawwachuu.

30. Koree Naamusaa Hundeessuu

Himannaa balleessaa naamusaa ilaalee yaada murtii kan dhiyeessu koreen naamusaa sadarkaa Gandaatti kan hundeeffamu ta'ee, itti waamama, miseensota, aangoo fi hojii, hojimaata isaa, mirga ol'iyyaannoo fi turmaata yeroo adabbii ilaalchisee Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

31. Aangoo fi Hojii Ittigaafatamaa Dhimma Bulchiinsaa fi Nageenyaa Gandaa

- 1) Ittigaafatamaan Dhimma Bulchiinsaa fi Nageenyaa Gandichaa yaada murtii koree naamusaa irraa dhiyaate erga qoratee booda yaada murtichaa raggaasisuu; fooyyeessuu; haquu fi irra deebi'amee akka ilaalamu gara koreetti deebisuu ni danda'a.
- 2) Ittigaafatamaan Dhimma Bulchiinsaa fi Nageenyaa Gandichaa miseensi milishaa balleessaa naamusaa cimaatiin himatame adeemsa hojii nageenyaa irratti rakkoo kan fidu ta'ee yoo argame hanga murtiin kennamutti yeroof hojiirraa ittisuu yookiin hidhannoo hiiksisuu ni danda'a.

Kutaa Shan
Tumaalee Adda Addaa

32. Aangoo Qajeelfama Baasuu

Biiroon Dambii kana raawwachiisuudhaaf Qajeelfama baasuu ni danda'a.

33. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne

- 1) Dambiin Haala Qindoomina Hojii Qaamolee Nageenyaa fi Akkaataa Bulchiinsa Milishaa Murteessuuf Bahe Lakk.124/2002 Dambii kanaan haqameera.
- 2) Dambii, qajeelfamni yookiin barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatinsa hin qabaatan.

34. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu

Dambiin kun **Adoolessa 1 bara 2010** irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Lammaa Magarsaa
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Bitootessa 21 Bara 2010
Finfinnee